**Qajeelfama itti fayyadamaa boba`aa fi bobbii Konkolaataa Mootummaa NaannooOromiyaa Lakk 03/2011**

# Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Oromiyaa

Waxabajjii, 2011

Finfinnee

Bu’uura Labsii Bulchinsa Faayinaansii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk.156/2002 keewwata 71(2) fi Labsii Sirna Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 157/2002 keewwata 65(2)tiin Biiroon Maallaqaa fi Walta’iinsa Diinadgee Oromiyaa aangoo kennameefiin qajeelfama kana baaseera.

# Kutaa Tokko

## Haala Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

Qajeelfamni kun "Qajeelfama Itti Faayadamaa boba'aa fi bobbii Konkolaataa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk 03/2011" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

Hiikni jechichaa qajeelfama kana keessatti hiika biroo yoo kennisiiseef malee jechoonni fi himoonni qajeelfama kana keessatti ibsaman hiika Labsii Sirna Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk 157/2002 tiin kennameefni qabaata.

**Dabalataan Qajeelfama kana keessatti:**

1) **"Hogganaa ol'aanaa**" jechuun Mudamtoota manneen hojii Mootummaa jechuudha.
2) **"Itti Gaafatamtoota"** jechuun Daareekteroota, Abbootii Adeemsa Hojii yookiin itti gaafatamummaa wal gitu Kan qaban jechuudha.
3) **"Konkolaataa**" jechuun humna motoraan daandii irratti kan sochoo'u yookiin kan harkifamu, nama yookiin meeshaa fe'uuf yookiin geejibsisuuf yookiin Maashineroota ijaarsaaf kan oolu konkolaataa kamiyyuu jechuudha.
4) **"Konkolaataa Dirree** "jechuun manni hojii Mootummaa bakka argamu irra alaatti tajaajila idilee kan ittiin kennu konkolaataa difireenshalii tokkoo yookiin isaa ol kan qabu dha.
5) **"Konkolaataa Tajaajila Waliinii**" jechuun mana hojii Mootummaa keessatti hojii Mootummaatiif Ogeessonni yookiin Hojjeetooni Mootummaa konkolaataa waliin kan ittiin tajaajilamani dha.
6) **Konkolaachisaa"** jechuun Mana hojii Mootummaa keessatti akka konkolaachisuuf nama hayyamni kennameef yookiin qacaramee konkolaataa konkolaachisuuf hayyama konkolaachisummaa sadarkaa mana hojii Mootummaan barbaadamu kan qabuudha.
7) "**Waraqaa Enyummaa Addaa"** jechuun mana hojii mootummaa tiin konkolaataa akka konkolaachiisaniif qaamoolee waraqaan enyummaa addaa kennamuf jechuudha.

**3. Daangaa Raawwatiinsaa.**

a. Qajeelfamni kun manneen hojii mootummaa naannichaa hunda irraatti rawwaatinsa ni qabaata.

**4. Kaayyoo Qajeelfamichaa**

Konkolaattota mootummaa fi bobba'aa haala itti fayyadama, galmee, to'annoo, bobbii fi raabsa, hojimaata iftoomina, Diinagdawwaa, Siyaa'ina fi qulqullina, sirna itti gaafatamummaa qabu dirirsuudha.

# Kutaa Lama

**Konkolaataa Mootummaa Fuudhuu, Baasii gochuu, Galmeessuu,**

**Bobbaasuu, Itti Fayyadamuu fi To'achuu**

**5) Konkolaataa Mootummaa Fuudhuu**

1. Manni hojii mootummaa konkolaataa yookiin meeshaa jijiirraa konkolaataa fi meeshaalee biroo bittaan, kennaan, jijjiirraan yookiin haala biroon argate nagahee seera qabeessaan galii gochuu qaba.
2. Manni hojii mootummaa konkolaataa yookiin meeshaa jijiirraa konkolaataa fi meeshaalee biroo yommuu hojjetaa isaaf yookiin qaama biroof kennu nagahee seera qabeessaan kennuu qaba.
3. Manneen hojii Mootummaa Sadarkaa Naannoo, Godinaa, Magaalaa fi Aanaa jiran konkolaataa yeroo fudhatan yookiin kennaan ragaa fi sanada seenaa konkolaataa ibsu guutuu waliin fudhachuu yookiin kennuu dirqama qabu.

**6) Galmeeffama Seenaa konkolaataa Mootummaa**

1. Manneen hojii mootummaa konkolaatoota bittaadhaan, kennaadhaan, jijjiirraadhaan yookiin haala biroon argatan itti fayyadamaa jiran tokkoon tokkoon isaanitiif galmee addaa dhuunfaa qopheessuun galmeen isaani yoo xiqqate ragaa armaan gadii qabaachuu qabu.
   a. Gosa fi modeela konkolaataa.
   b. Hamma fe'umsaa (namaan ,kuntaalaan,kiyuubik metiridhaan ykn liitiraan adda bahee
   c. Lakkoofsa motoraa,Gabatee fi shaasii
   d. Gosa boba'aa itti fayyadamu
   e. Guyyaa fi bara itti bittame yookiin abbaa qabeenyummaa argame yookiin libiree
   f. Gatii konkolaataa fi bara oomishaa
   g. Lakkoofsa waraqaa abba qabeenyummaa fi
   h. Ragaa diikilaraasiyoonii
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti Kan ibsame akkuma jirutti ta'e sababa gahaa ta'een ragaan guutuun yoo hin argamne ragaa jiruun walharkaa fudhinsi erga raawwatee booda manni hojii konkolaataa itti fayyadamaa jiru ragaa hin argamne sababaa fi ibsa isaa waliin galmee seenaa konkolaataa keessatti galmeessee ni qabata,ragaawwan guutuu hin taane hordofee akka guutuu ta'an ni taasisa.

3. Tokkoon tokkoon galmee seenaa konkolaataa mootummaa guyyaa walharkaa fuudhinsii raawwatee kaasee hanga dhabamsiifamutti ragaalee armaan gadii of-keessatti qabaachuu qaba.
   a. Boba’aa kiloomeetiraan,
   b. Baayyina dibataa,
   c. Baasii suphaa,
   d. Kiloomeetira deeme,
   e. Eenyuutu itti fayyadamaa akka turee fi ragaaleen barbaachisan biroo
4. Galmeen seenaa konkolaataa waggaatti yeroo lama Amajjii-30 fi Adooleessa-30tti irra deebi’amee galmaa’ee gabaasni isaa kan manneen hojii Sadarkaa Naannoo Biiroo Maallaqaa fi Walta`iinsa Diinagdee Oromiyaaf hanga Gurraandhala-20tti,kan manneen hojii sadarkaa Godinaa,Bulchiinsa Magaalaa fi Aanaa waajjira Maallaqaa fi Walta`iinsa Diinagdee sadarkaa isaanii jiraniif gabaasuu qabu.Waajjirri Maallaqaa fi Walta`iinsa Diinagdee sadarkaa sadarkaan jiruu fi Bulchiinsi Magaalaa itti Waamamni isaa Naannoof ta`e Biiroo Maallaqaa fi Walta`iinsa Diinagdee Oromiyaaf waggaatti yeroo lama Amajjii-30 fi Adooleessa-30tti qindeessee hanga Gurraandhala 30tti erguu qaba. Sadarkaa isaattiis qindeessee qabachuuf dirqama qaba.

**7) Ittigaafatammuma Manneen Hojii Haala Bobbaasa Konkolaataa Mootummaa**

1. Hogganaa olaanaa fi Itti gaafatamtoonni manneen hojii mootummaa konkolaataa itti gaafatamummaa mana hojii isaanii jala jiran qixa sirri ta’eeni fi kaayyoo barbaachisuuf qofaaf akka fayyadamuu danda’aniif sirna to’annoo keessa dirirsuu qabu, Akkasumaas, seera diriiree jiru hojiirra oolchuuf dirqama qabu.
2. Hogganaa olaanaa fi Itti gaafatamtoonni manneen hojii mootummaa akka amala mana hojii isaaniitiin konkolaataa tajaajila waliiniif isaan barbaachisu, piroojektiif, kutaa hojiif, akkasumas, tajaajila hojii magaalaa keessaa fi dirreef konkolaataa mootummaa adda baasaanii ramaduu qabu.
3. Hogganaa olaanaa fi Itti gaafatamtoonni manneen hojii mootummaa konkolaataa tajaajila waliinii fi kan birootiif ramadan sagantaa fi karooraan hogganuuf tokko tokkoon bu’aa isaanii karaa hojjetaa bobbaasaa konkolaataa yookiin qaama mana hojichaan aangoon kennameefin madaalamee gabaasni ji`a ji`aan akka dhiyaatu taasisuu qabu.
4. Hogganaa olaanaa fi Itti gaafatamtoonni manneen hojii mootummaa konkolaattota tajaajila kennuuf ramadamee fi konkolaataa hojii dirreetiif akka socho’an hayyamameen ala guyyaa hojiis ta’e guyyaa boqqonnaa konkolaattonni mootummaa bakka manni hojii argamuun alatti konkolaachisuu fi bulchuun dhorkaadha.

5. Sarvisii hojjettoota Mootummaaf iddoo tokkotti ramadame fi dhimmaa hojii mootummaaf akka tajaajila kennaniif hayyamameen guyyaa hojiis ta'e guyyaa boqqonnaa konkolaattonni mootummaa iddoo mijataa ta`e bulchuuf konkolaachisaa fi qaamni tajaajila akka kennamuuf ramadamee waliin dirqama qabu.
6. Hojjetoonni mootummaa hojii dirreef yeroo bahan sababa amala hojii fi baasii xiqqeesuuf jecha konkolaataa mootummaatti fayyadamuun barbaachisaayoo ta'u baatekonkolaataa uummataa yookiin geejjiba qilleensaan akka fayyadaman taasisuu ni danda'ama.

8) **Itti Fayyadamaa Konkolaataa Mootummaa**

Itti gaafatamummaa hojii mootummaa qabanii fi amala hojii mana hojiichaa irratti hundaa'uudhaan konkolaataa mootummaa akka itti fayyadamanii fi ofii isaaniif akka konkolaachisaniif kan eyyamameef;

**1. Sadarkaa Naannootti**

a. Pireezidaantii Naannoo
b. I/Aanaa Pireezidaantii
c. Pireezidaantii fi I/Aanaa Pireezidaantii Mana Murtii
d. Sadarkaa I/Aanaa Pireezidaantiitti kan muudaman
e. Afa Yaa'ii, itti aanaa afa yaa'ii fi miseensota koree dhaabbii
f. Hogganaa biiroo,itti aanaa hogganaa biiroo,gorsitoota sadarkaa hogganaa biiroo fi sadarkaa itti aanaa hogganaa biirootti muudaman
g. Komishinaroota,I/aantoota Komishinarootaa, Daareektaroota Olaanoo fi Itti-aantoota Daareektarootaa Olaanoo

**2. Sadarkaa Godinaatti**

a. Bulchaa fi I/Aanaa Bulchaa
b. Pireezidaantii fi I/Aanaa Pireezidaantii Mana Murtii
c. Gorsitoota sadarkaa Bulchaa fi sadarkaa I/Aanaa Bulchaa Godinaa
d. Hoggantoota mana hojii

**3. Sadarkaa Aanaa**

a. Bulchaa aanaa, I/Aanaa Bulchaa fi gorsaa sadarkaa Bulchaa fi gorsaa sadarkaa I/Aanaa Bulchaa

4. **Sadarkaa Bulchiinsa Magaalaatti**
   a. Magaalonni ittiwaamamni isaanii naannoof ta'e hayyama sadarkaa Godinaaf kenname fayyadamu.
   b. Magaalonni ittiwaamamni isaanii godinaaf ta'e hayyama sadarkaa Aanaaf kenname fayyadamu.
5. Keewwata kanaan kan ibsaman akkuma jirutti ta'ee akkaata barbaachisummaa isaatiin konkolaachistootaan fayyadamuun ni danda'ama.
6. Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 – 4tiin ala ittigaafatamtoota sadarkaan jiranii fi Daareektoreetii Manneen hojii sadarkaa Naannoo jiraniif, Mannii hojii konkolaachiistoota ramadeefi hojii mootummaa qofaaf akka fayyadamaniif hayyamuu nidanada'a.
7. Hogganaan konkolaataa mootummaa akka ofiif konkolaachisuuf hayyamamee fi Konkolaachistootaan akka konkolaachisaniif kan hayyamameef seera tiraafikaa yoo darbee yookiin rakkoo qabiinsaa isaatiin miidhaa konkolaataa irra gahuuf kan itti gaafatamuu ta'a.

9) **Konkolaataa Mootummaaf EegumsaTaasifamu**

1. Namni konkolaattota mootummaa konkolaachisuuf hayyamameef kamiyyuu konkolaataa sochoosuun dura qaama konkolataa keessaa fi alaa kan rakkoo hin qabane ta'u, keessumayyuu konkolaataa irratti rakkoo kan agarsiisan baayyina zayitaa motoraa, haala fireenii fi kanneen biroo dursanii of-egannoodhaan ilaaluun konkolaatichi socho'uuf qophii ta'u isaa adda baafachuu qaba.
2. Konkolaachisaan kamiyyuu konkolaataa konkolaachisu irratti mallattoo rakkoo ibsu yommuu argu konkolaatichi irra-caalaa otuu hin midhaamiin battalumatti kutaa mana hojii ilaalatutti beksiisuuf dirqama qaba.
3. Konkolaataa mootummaa kamiyyuu tajaajila mana hojiichaaf yoo hayyamameen ala sa'a hojii idileetiin alatti yeroo hundaa mooraa mootummaa mana hojiitiin ala akka bulu hin hayyamamu.
4. Konkolaachiisaan konkolaatoota mootummaa haala adda ta'een akka konkolaachisu hayyamameef alatti konkolaataan mootummaa kamiyyuu irratti balbala fulduraa bitaa fi mirgaa irratti maqaa yookiin hasxaa mana hojii isaa ibsu maxxansuu qaba.
5. Qaama dhimmii ilaallatuun haala addatiin yoo hayyameefiin alatti konkolaataan mootummaa kamiyyuu lakkoofsa gabatee hayyamameefiin alatti lakkoofsa gabatee biraa jijjiree maxxansuun hin hayyamamu.
6. Konkolaataa mootummaa kamiyyuu tajaajila waliinii yookiin hojii dirreedhaaf iddoo hojii fi hojii itti ramadameen alatti sochosuu fi hojii dhuunfaa ofiif fayyadamuun dhorkaadha.

7. Itti gaafatamtoonni, hojjetoonni, konokolaachisaan kaayyoo hojii diree bahaniin alatti kan itti fayyadaman yoo ta’e itti gafatamummaa waliini qabu.
8. Kanneen akka konkolaachisan hayyamameef alatti konkolaataa mootummaa yeroo hundaa sochiin yoo taasifamu qaamni tajaajila gaafatu waraqaa hayyama bobbaasa konkolaataa mallattoo Daareektara yookiin Abbaa Adeemsa Hojii Bittaa, Bulchiinsa Qabeenyaa fi Tajaajila Maraa yookiin kan inni bakka buusuu yookiin qaama manni hojichaan angoo kenneefi chaappaa mana hojiichaa qabuun hayyamamuu qaba.

## Kutaa Sadii

## Itti Fayyadamaa, To'annaa fi Raabsaa Boba'aa Dibataa fi Zayiita Konkolaataa Mootummaa

### 10) Haala raabsaa,to'annaa boba'aa fi dibatawwan garagara

1. Ogeessi bobbaasa konkolaataa yookiin Qaamni mana hojiichaan aangoon kennameef hamma boba'aa konkolaataan mana hojiichaa itti fayyadaman Miiltoo 02 qajeelfama kanaan wal qabatee jiru fayyadamuun galmeessee qabachuu fi hordooffiif akka toluuf geejjii lakkooftuu kiloometira konkolaataa bifa guutuu ta'ee fi sirritti hojjechaa jiraachuu isaa yeroo yeroon hordooffii taasiisuun mirkaneeffachuu qaba.
2. Gabaasni boba'aa, dibataa fi zayita tokkoo tokko konkolaataan itti fayyadame dheerina kiloometira waliin galmaa'ee ji'a ji'aan manneen hojii sadarkaa naannoo Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdeef akkasumas manneen hojii sadrkaa Godinaa, Bulchiinsa Magaalaa fi Aanaa Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee sadarkaa isaanii jiruuf miiltoo 03 qajeelfama kanaan walqabatee jiruun dhiyeessuu dirqama qabu.
3. Waajjirri Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee sadarkaa Godinaa gabaasa itti fayadama boba'aa, dibataa fi zayita manneen hojii sadarkaa isaanii jiran,Bulchiinsa Magaalaa fi aanaa isaan jala jiran irraa isaan qaqqabe qindeessuun fi Bulchiisni Magaalaa itti waamamni isaanii Naannoof ta`e kilomeetira waliin kurmaan kurmaan Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Oromiyaaf dhiyeessuuf dirqama qabu.
4. Muudamtoota mootummaaf mootummaan haala addaatiin kan hayyamameen alatti itti fayyadama boba'aa kilomeetiraan istaandaardii hanga Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Oromiyaa fi Abbaa Taaytaa Geejjibaa Oromiyaa qorannoo gaggeessee hojii irra oolchuti boba'aan kilomeetiraan shallagamee ni kaffalama.Manneen hojii istaandaardii shallaggiin boba'aa kilomeetiraa konkolaataa koree gahumsa qabu Mana hojii isaanii keessaa yookiin mana hojii isaanii alaa miseensa nama 3-5 qabu dhabuun ji'a jaha jahaan hanga kilomeetiraa 100 Aspaltii fi Pistaa irra deemuun shallaggii ni haroomsa. Herreegni isaas shallaggii kana irratti hundaa'ee bu'uu qaba.Konkolaataa geejiin isaanii hin hojjenne yookiin hinqabne boba'aa liitira tokkoon giddugaleessaan kiiloo meetira saddeetii (8) shallagamee ni kaffalama.
5. Sadarkaa Godinaa, Bulchiinsa Magaalaa fi Aanatti koree istaandaardii shallaggiin boba'aa kilomeetiraa konkolaataa kana geggeessu akka waliigalaatti Manneen hojii keessaa yookiin Manneen hojii Mootummaan alatti qaama bilisa ta`e irraa akka barbaachisummaa isaatti kan dhaabbatu ta`ee abbummaan Waajjirri Maallaqaa Fi Walta`Iinsa Diinagdee sadarkaa sadarkaan jiruun Ogganamuu qaba.

6. Istaandaardii shallaggiin boba’aa kilomeetiraa konkolaataa geggeeffame Manneen hojii sadarkaa Naannoo, Bulchiinsa Magaaalaa itti waamamni isaa Naannoof ta`e fi Waajjirri Maallaqaa fi Walta’iinsa Diinagdee sadarkaa Godinaa kan manneen hojii sadarkaa godinaa fi aanaa qindeessee ji`a jaha jahaan Biiroo Maallaqaa fi Walta`iinsa Diinagdee Oromiyaatiif erguuf dirqama qaba.
7. Maashinaroota hojii ijaarsaaf oolaan Istaandaardii shallaggiin boba’aa akkaataa amala hojii isaanii irratti hundaa`een ji`a jaha jahaan koreen ogummaa fi gahumsa dhimma kana irratti qabuun geggeeffame Manneen hojii sadarkaa Naannoo, Bulchiinsa Magaaalaa itti waamamni isaa Naannoof ta`e fi Waajjirri Maallaqaa fi misooma Diinagdee sadarkaa Godinaa kan manneen hojii sadarkaa godinaa fi aanaa qindeessee ji`a jaha jahaan Biiroo Maallaqaa fi Walta`iinsa Diinagdee Oromiyaatiif erguuf dirqama qaba.
8. Aanaalee fi Magaalota raabsaan boba’aa keessa jirrutti kuupoonii boba’a bituun itti fayyadamuun ni danda’ama.
9. Aanaalee fi Magaalota raabsaan boba’aa keessa hin jirretti kuupoonii yookiin kaardii boba’a bituun itti fayyadamuun hin danda’amu.
10. Kuupooniin bitame moodeela 19 tiin hojjetaa mana kuusaa dhimma boba’aa fi kuupoonii/Mana kuusaa mootummaatti galii ta’uu qaba.
11. Daareektarri yookiin Abbaan Adeemsa Hojii Bittaa, Bulchiinsa Qabeenyaa fi Tajaajila Maraa yookiin Qaamni aangoon kennameef hamma kuupoonii torban tokkoof baasii ta’uu qabu ni murteessa. Haa ta’u malee, Kuuppooniin al tokkotti hojjetaa bobbaasaa konkolaataa yookiin qaama dhimma kana akka hojetuuf aangoon kennameefiin bahii ta’uu qaba.Haa ta’u malee hangi maallaqaa kuma soddomaa (30,000) caaluu hin qabu.
12. Hojjetaan bobbaasa konkolaataa yookiin qaama dhimma kana akka hojetuuf aangoon kenname gaabasa itti fayyadama boba’aa fi kuupoonii ji’a ji’aan qindeessee Daareektara yookiin Abbaan Adeemsa Hojii Bittaa, Bulchiinsa Qabeenyaa fi Tajaajila Maraaf yookiin qaama aangoon kennameef ni dhiyeessa. Koppii gabaasichaas hojjetaa dhimma boba’aa fi kuupooniif yookiin qaama dhimma kana akka hojetuuf aangoon kennameef ni kenna.
13. Hojjetaan bobbaasa konkolaataa yookiin qaama dhimma kana akka hojetuuf aangoon kenname akkaata keewwata kana keewwata xiqqaa 8tiin ibsameen gaaffii baasii kuupoonii fi ittifayyadama kuupoonii duraan baasii godhe miiltoo 03 qajeelfama kanaan walqabatee jiruun qopheessee Daareektara yookiin Abbaa Adeemsa Hojii Bittaa, Bulchiinsa Qabeenyaa fi Tajaajila Maraatti yookiin qaama aangoon kennameef dhiyeessee ni mirkaneessisa.

14. Hojjetaan bobbaasa konkolaataa yookiin qaama dhimma kana akka hojetuuf aangoon kenname gaaffii baasii kuupoonii fi gabaasa itti fayyadama kuupoonii mirkanaa'e mankuusa meeshaatti hojjetaa dhimma boba'aa fi kuupooonitti yookiin hojjetaa Mana kuusaa erga dhiyeessee booda kuupoonii haaraa moodeela 22 baasii ni taasiisa.
15. Hojjetaan dhimma boba'aa fi kuupoonii yookiin qaama dhimma kana akka hojetuuf aangoon kennameef ragaa guutuu boba'aa fi kuupoonii tokkoon tokkoon konkolaataatiin qindeessee faayila gochuun kuusuuf dirqama qaba.
16. Mana hojichaatiin haala addaatiin yoo hayyame malee kaardii boba'aa fayyadamuun hin danda'amu.
17. Baajata Mootummaa, fandiiwwaan gargaarsaa fi Galii keessoo dabalatee boba'aa fayedaa irraa olee kamiyyuu guca miiltoo 02 fi 03 qajeelfama kanaan galmaa'ee gabaafamuu qaba.akkaata guca miiltoo 02 fi 03 kanaan kan hin galmeeffamne yoo jiraate bu'aa odiitiin yookiin qaama aangoo qabuun kan mirkanaa'ee yoo ta`e Hojjetaan dhimma boba'aa fi kuupoonii yookiin qaama dhimma kana akka hojetuuf aangoon kennameef osoo galmaa`uu qabuu hin galmaa`iin argame qarshiidhaan kan bakka buu'u ta'a.
18. Faayidaa addaa muudamtoota mootummaa ilaachiisee qajeelfama lakk.1/2003 Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin bahe qajeelfama kana keessatti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Afur

**Sirna Bulchiinsa Suphaa Konkolaataa fi To`annoo Meeshaalee Jijjiirraa Konkolaataa**

**11) Suphaa Konkolaataa Mootummaa**

1. Manneen hojii mootummaa akkaatuma baayyina konkolaataa qabaniin qaama konkolaataa irra deddeebiin suphaa barbaadan bu'uura godhuchuun karoora suphaa waliigalaa kan waggaa fi meeshaa jijjiirraa barbaachisu qabachuu qabu. Karoora suphaa konkolaataa qopheessuuf jalqaba kutaa bobbaasa konkolaataa, konkolaachistootaa fi ogeeyyii bittaa fi bulchiinsa qabeenyaa waliin ta'uun qopheessuu qabu.
2. Manneen hojii konkolaatoota irra deddeebiin suphaa barbaadu jedhamanii karoora suphaa keessatti qabaman Kan konkolaataa gosa kamiyyuu yeroo suphaa isaa fi gosa suphaa barbaachisu akkasumas sarvisii idileetiin suphaa geggeeffamuuf caalbaasii baasuun mana suphaa yookiin gaaraajii sadarkaan isaa beekamu yookiin gahumsa qaban dorgomsiisuun akkaataa qajeelfama bittaa mootummaa naannoo oromiyaa tiin yeroo isaa eeganii suphisiisuu qabu.
3. Suphaa waliigalaa gatii meeshaa fi gatii harkaa tajaajila kennaa (dhiyeessaa) biraa argachuuf kan waliigalame yoo ta'e meeshaaleen moofaa bakka bu'aman mana hojichaatti deebi'anii galii ta'uu qabu. Gatiin meeshaalee haaraa jijjiramanii fi gatiin harkaa, baasii suphaa tiin kan qabamu malee mana hojichaatti galiin hin qabamu.
4. Suphaan waliigalame gatii harkaa qofa yoo ta'e meeshaaleen jijjiirraa konkolaataa manni hojichaa bitee kan dhiyeessu yoo ta'e galii fi baasii ta'uu qaba. Meeshaaleen moofaa jijjiiraman mana hojichaatti deebi'anii galii ta'uu qabu.
5. Manneen hojii konkolaataa haaraa bitaman karaa dhiyeesitootaa yookiin kubbaaniyyaa haala waliigaltee wabii kiloomeetiraan (Warranty) bu'uura godhachuun gaaraajii kubbaaniyichattii kallattiin sarvisii gochuun ni danda'u.
6. Manneen hojii mootummaa bu'uuraa karoora waggaa suphaa konkolaataatiin deemsa yookiin tajaajila kilomeetira 5000 booda sarvisii akka argatan gochuuf itti gaafatamummaa qabu.Konkolaachiftoonnis deemsa yookiin tajaajila kilomeetira 5000 booda sarvisiin akka godhamuuf gaafachuuf dirqama qabu.
7. Manneen hojii konkolaataa suphisiisuufis ta'e sadarkaa miidhama konkolaataa irra gahe beekuuf akkasumas sirriitti suphamuu isaa mirkaneessuuf ogeessa bobbaasa fi hordoffii nageenya konkolaataa yoo hin qaban ta'e deeggarsa ogummaa qaama biraa irraa gaafachuun mirkaneessuu ni danda'u.

8. Caalbaasiin bittaa suphaa fi meeshaa jijjiirraa yeroo raawwatamu mana hojii fi mo'ataa giddutti waliigalteen mallattaa'uu qaba. Mo'ataan bu'uura waliigateetiin raawwachuu yoo didan akkaataa qajeelfama bittaatiin tarkaanfii fudhachuun akka danda'amuuf qamooleen bittaa raawwatan ragaan deggeranii manneen hojii Biiroo Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee Oromiyaa yookiin Waajjira Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee sadarkaa isaanii jiruuf gabaasa gochuu qabu.

**12) HaalaTo'annaa fi Itti Fayyadamaa Meeshaalee Jijjirraa Konkolaatootaa.**

1. Manneen hojii waggaa waggaatiin waggaa tokkoof Kan oolu waliigaltee sarvisii konkolaataa fi irraa deddeebiin meeshaalee jijjiirraa baayyina barbaachisu karooraa qabachuun bittaa bakka tokkootiin al tokkoon bituun mana kuusaa keessa kaa'anii suphaa idileefis ta'e sarvisiif fayyadamuu ni danda'u.
2. Dhiyessitoonni haaluma yeroo caalbaasii mootummaa waliigalaniin meeshaa jijjiirraa konkolaataa "Origional ykn Geniune" Kan ta'e dhiyeessuuf itti gaafatamummaa qabu. Manneen hojiis meeshaaleen dhiyaatan "Origional ykn Geniune" ta'uusaanii mirkaneeffachuuf dirqama qabu.
3. Konkolaachisaan kamiyyuu cheerkee fi gommaa dulloome dabalatee meeshaalee jijjiirraa haaraadhaan akka bakka bu'uuf yeroo gaafatu gaaffiin isaa sirrii ta'uu isaa ogeessaan mirkanaa'uu qaba.
4. Meeshaaleen jijjiirraa gara mana kuusaatti galii ta'aan lakkoofsa addaa (serial number) dura galmee irratti galma'ee waliin madaluudhaan erga mirkana'ee booda mana kuusaa meeshaalee tajaajila kennanitti galii ta'uu qaba.
5. Meeshaaleen jijjirraa mana kuusaa keessaa baasii ta'aanii fi dhiyeessaadhaan Kan itti jijjiiraman seeraan konkolaataa irratti galuu isaanii ogeessa bobbaasa konkolaataa yookiin qaama dhimma kana akka hojetuuf aangoon kennameen mirkana'uu qaba.
6. Manni hojii mootummaa garaajjii mata isaa dhaabbachuu ni danda'a.
7. Suphaa konkolaataa ilaalchiisee dambiin lakk. ---------kanaan dura Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa tiin bahe qajeelfama kana keessatti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Shan

### Sirna DhabamsiisaKonkolaataa mootummaa tajaajiilan ala ta’e

**13) Konkolaataa Tajaajila ala ta’e adda baasuu fi Dhabamsiisuu**

1. Manneen hojii mootummaa konkolaataa isaanii hordoffii fi lakkaa’umsa waggaa geggeessuun konkolaataa haala tajaajila kennuu irraa eegamu  Kan hin kennine ta’uu isaa mirkaneessuun sadarkaa irra jiru tarreessanii adda baasuu qabu.
2. Konkolaataa tajaajila hin kennine dhabamsiisuuf bu’uura qajeelfama bulchiinsa qabeenyaa mootummaa naannoo Oromiyaa lakk 01/2004 hordofuun raawwatama.
3. Konkolaataan tajaajila otuu hin kenniin waggaa tokkoo fi isaa ol Kan dhaabbate yoo ta’ee fi suphamee tajaajila gahaa ta`e kennuu kan hin dandeenye ta`uun isaa ogeessan yoo mirkanaa`e fi seeraan kan hin dhorkamne yoo ta`e dhabamsiifamuu qaba.
4. Manneen hojii konkolaataa gurgurtaan dhabamsiifamuu qaban sakatta’anii yoo dhiyeessuu baatan, Ejeensiin Bittaa fi Dhabamsiisa Qabeenyaa Oromiyaa manneen hojii sadarkaa naannoo hanga aanaatti konkolaatota gurgurtaan dhabamsiifamuu qaban sakatta’ee dhabamsisuu ni danda’a.
5. Dhabamsiisa qabeenya mootumma ilaachisee qajeelfama bulchiinsa qabeenyaa mootummaa naannoo Oromiyaa lakk 01/2004 irratti ibsame akkuma jirutti qajeelfama kanaan raawwatiinsa ni qabaatu.
6. Manni hojii Mootummaa Konkolaataa tajaajila kennuu dhaaban odeeffannoo guutuu galmee seenaa konkolaaticha irraa galmeeffachuun xalayaa fedhii dhabamsiisaa waliin qabsiisuun waggaa waggaan akkaataa miiltoo guca-13 qajeelfama kanaan wal-qabatee jirutiin gara Ejeensii Bittaa fi Dhabamsiisa Qabeenyaa Oromiyaatti erguu qaba.

**14) Konkolaattota dhabamsiifamuu qaban walharkaa fuudhuun walitti qabuu**

1. Manneen hojii mala konkolaataan ittiin dhabamsiifaman karooraan qabachuu qabu.
2. Manneen hojii mala gurgurtaan dhabamsiisuuf karoorfatan ragaa konkolaataa Ejeensi Bittaa fi Dhabamsiisa Qabeenyaa Ormiyaatiif beeksisuu dirqama qabu.
3. Manneen hojii qaamonni konkolaatichaa haala salphaa ta’een hiikamuu fi hatamuu waan danda’aniif hanga konkolaataan dhabamsiifamee walharkaa fudhiinsi raawwatutti iddoo eegumsa gahaa ta`e qabu qopheessuufii qabu.

4. Ejeensiin Bittaa fi Dhabamsiisa Qabeenyaa Oromiyaa caalbaasiif mijataa akka ta'uuf konkolaattota dhabamsiifaman akka barbaachisummaa isaatti Sadarkaa Naannoo, Godinaa, Bulchiinsa Magaalaa fi Aanaatti buufata tokkotti walitti qabee dhabamsiisuu ni danda`a.

**15) Konkolaataa gurguruun dhabamsiisuun dura Odeeffannoo Qulqullaa'uu qabu**

1. Keewwata 6(1) kan ibsame akkuma jirutti ta'ee dabalataan ragaan konkolaataa qulqullaa'uu qaban;
    a. Ragaa Abbaa qabeenyummaa konkolaataa,
    b. Kaffaltii qaraxa gumurukaa,
    c. Dhorkaa kan irra hin jirre ta'uu;
    d. Lakkoofsa motooraa yookiin chaasiin isaa kan rukutamee fi hin rukutamne ta'uusaa; mirkaneefachuu qaba.
2. Konkolaataa abbaa hin qabnee waajjiraaleen Maallaqaa fi Walta'iinsa Diinagdee sadarkaan jiraniin mana murtiiti dhiyeessuun akka murtoo argatu taasisuun Kan tajaajila kennuu danda`u akka tajaajila kennuu fi Kan tajaajila kennuu hin dandeenye akka dhabamsiifamu ni taasisu.

**16) Gatii ka'uumsa Gurgurtaa Dhabamsiisa Konkolaataa**

1. Gatii ka'uumsaa konkolaataa gurgurtaan dhabamsiisuuf tilmaamamu maanuwaalii bulchiinsa qabeenyaa dhaabbii irratti kan hundaa'e ta'ee tilmaamni gatii gurgurtaa konkolaataa caalbaasii jalqabaa irratti bahe yoo hin milkoofne tilmaama gatii yeroo lammaffaa tiin caalbaasii baasuun ni danda'ama.
2. Gatii ka'uumsaa konkolaataa gurgurtaan dhabamsiisuuf yeroo sadaffaaf tilmaama gatii sirreessuun caalbaasii baasuun ni danda'ama.
3. Keewwata kana kan keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti ibsaman yoo milkaa'uu baatan Ejeensiin Bittaa fi Dhabamsiisa Qabeenyaa Oromiyaa Biiroon Maallaqaa fi walta`iinsa diinagdee oromiyaa heyyamsiisee filannoo biroo bu'aa qabeessa ta'etti fayyadamuu ni danda'a.

## Kutaa Jaha

## Tumaalee Adda Addaa

**17) Tarkaanfiiwwan Bulchiinsaa**

1) Ittigaafatamummaan seerota biroo keessatti tumame akkuma eegametti ta'ee, namni mana hojii mootummaa kamiyyuu keessatti ramadame bu'uura qajeelfamaa kanaan **gabaasa bobba'aa, Dibbaata fi Zaayita tokkon tokkon konkoolata itti faayadame dheerina km waliin galmaa'ee ji'a ji'aan Biiroo yookiin WMWD sadarkaa sadarkaadhaan jiraanif kan hin dhiyeesine i**ttigaafatamummaa isaa haalan bahuu dhabuu isaatiin yeroo jalqabatiif Of-egganno yeroo lammaffaatiif raawwatame immoo maallaqa qarshii 10,000. (Kuma kudhan) gad hin taanee fi qarshii 15,000.00(kuma kudha shan) hin caalleen ni adabama.

2) Ittigaafatamummaan seerota biroo keessatti tumame akkuma eegametti ta'ee, manii Hojii Mootummaa kamiyyuu bu'uura qajeelfama kana irratti hundaa'ee, **gabaasa bu'aa odiitii bobba'aa fi Dibataa dhiyaaten** odiiti ta'e guyyaa 30 keessaatti yookiin ji'a keessaatti **tarkaanfii** barbaachisaa kan hin fudhanne yookiin tarkaanfiin fudhaatamuu isaa kan hin mirkaneessine yoo ta'e yeroo jalqabatiif of eggannoo barreefama kan kennamuuf yoo ta'u, balleessaa yeroo lammaffaatiif raawwatame immoo haala ulfaatina isaatiin maallaqa qarshii 15,000 (kuma kudhaa shaan) gad hin taanee fi qarshii 20,000 (kuma diigdama) hin caalleen ni adabama.

**18) Tumaalee fi Miiltoowwan**

1. Akkaataa Qajeelfama Bulchiinsa Qabeenya Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk 01/2004 irratti tumamee jiruun keewwata waa'ee bulchiinsaa fi dhabamsiisa qabeenya mootummaa barreeffamaan hojii irra kan jiran maanuwaali bulchiinsa qabeenya dhaabbii mootummaa fi bulchiinsa istookii akka barbaachisummaa isaatiin bulchiinsa konkolaattota mootummaa irrattis akka raawwatu ni ta'a.
2. Manneen hojii mootummaa qajeelfama kana wajjin miiltoo ta'an akka qaama qajeelfama kanaatti Kan itti tajaajilaman ta'a.
3. Ittigaafatamummaan labsii bulchiinsa faayinaansii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 156/2002 fi Labsii Bulchiinsa Faayinaansii Mootummaa Naannoo Oromiyaa foyyeessuuf lakk.209/2010 irra jiran qajeelfama kanaan hojii irra Kan oolan ta'a.
4. Bulchiinsa Konkolaataa mootummaa waliin Kan wal qabatan qajeelfama duraan bahanii fi Kan hojiirra jiran qajeelfama kana waliin hanga walhin faallessinetti Kan hojiirra oolan ta'a.

5. Galiin gurgurtaa dhabamsiisa konkolaataa irraa argamu irraa % 50 Manneen Hojii mootummaa sadarkaa Naannoo,Godinaa,Bulchiinsa Magaalaa fi Aanaalee gurgurtaan irraa burqeef galii ta'ee dhimma bittaa konkolaataa yookiin ijaarsaalee bu`uuraalee misoomaaf kan ooluf ta`aa.

**19) Guyyaa Qajeelfamichi Hojiirra itti oolu**

Qajeelfamni Kun waxabajjii 30, Bara 2011 irraa eegalee hojiirra Kan oolu ta’a.

**Tolosaa Gaddafaa Goobanaa**

Hoogganaa Biiroo Maallaqaa fi Walta’iinsa Diinagdee Oromiyaa

**Finfinnee**

**Waxabajjii 30, Bara 2011**